# Kitaaba Daa’imman Kutaa “O”

## Yeroo Shaakala Gocha Dhuunfaa

## Yeroo Shaakala Ogummaa Gaarii

***Ministeera Barnootaatiin Qophaa’ee Biiroo Barnoota Oromiyaatiin Afaan Oromootti Kan Hiikame***

**BBO**

**Waxabajjii 2009**

**Qabiyyee fuula**

Seensa ... 6
Torban 1ffaa ... 6
Gocha 1: Of-beeksiisuu ... 6
Gocha 2 : Lakkoofsota 1-9 jiran lakkoofsisuu ... 6
Gocha 3: Lakkoofsota 1-9 Jiran Lakkaa'uu ... 7
Gocha4: Lakkoofsota 1 -9 Jiran Qomaan Waamuu ... 7
**Torban 3ffaa** ... 8
Gocha 5 :Lakkoofsaafi Lakkaa'amaa Walitti Firoomsuu ... 8
Gocha 6 : Qabannaafi Itti Fayyadama Qubeessaa ... 8
Gocha 7 :Tuqaalee Lakkoofsaa Wal-qabsiisuu ... 8
Torban 5ffaa ... 9
Gocha 8: Garee Keessatti Si'aayinaan Hirmaachisuu ... 9
Gocha 9 : Lakkoofsota Dhaggeeffatanii Barreessuu ... 9
Torban 6ffaa ... 11
Gocha 11: Lakkoofsota Hir'atan Guutuu ... 11
Torban 7ffaa ... 11
Gocha 12- Namoota Gargaaruufi Miidhuu ... 11
Torban8ffaa ... 12
Gocha 13 : Akaakuuwwan Geejjibaa ... 12
Gocha 14ffaa :Lakkoofsotaan Fakkii Kaasuu ... 12
Torban 11ffaa ... 15
Gocha 15 :Saantimootaafi Noottiiwwan Qarshii ... 15
Torban 13ffaa ... 16
Gocha 16:- Uleewwan Hamma Isaaniitiin Tarreessuu (Teessisuu). ... 16
Gocha 17 : Wantoota Halluun Ramaduu ... 17
Gocha 18 : Maqaafi Faayidaa Wantootaa Ibsuu ... 17
Gocha 19 :Qubeewwan Addaan Baasuu ... 17
Torban 14ffaa ... 20
Gocha 20 :- Firoominaafi Duraa Duuba ... 20
Torban 15ffaa ... 20

Gocha 21 :-Tuuta Uumuu ... 20
Gocha 22 : Yaaliiwwan Taasisuu ... 21
Torban 16ffaa ... 21
Gocha 23 : Halluu Qopheessuu ... 21
Gocha 24: Tuutota Wal-madaalchisuu ... 21
Torban 17ffaa ... 22
Gocha 25: Biqiloota Biqilchuu ... 22
Gocha 26 : Bal'ina Iddoo Wantootaa Wal-madaalchisuu ... 23
Gocha 27 : Jechoota Addaan Baasuun Dubbisuu ... 23
Gocha 28: Hima Ijaaruu ... 24
Torban 18ffaa ... 24
Gocha 29 :Wantoota Dhangala'oofi Jajjaboo Safaruu ... 24
Gocha 30: Hojjaan Wal -dorgomsiisuu ... 25
Torban 19ffaa ... 26
Gocha 31: Paziloota Wal-qabsiisuu ... 26
Gocha 32: Kallattiifi Fageenya Adda Baasuu ... 26
Torban 20ffaa ... 27
Gocha 33: Naannoo Ofii Beekuu ... 27
**Gocha 34: Meeshaalee Ulfaatina Isaaniin Waldorgomsiisuu** ... 27
Torban 21ffaa ... 28
Gocha 35: Qindoomina Harkaafi Ijaa Gabbifachuu ... 28
Gocha 36: Wantoota Qabiyyee Isaaniin Waldorgomsiisuu ... 28
**Torban 22ffaa** ... 29
Gocha 37: Qubeewwan, Jechootaafi Himoota Sasalphaa Barreessuu ... 29
**Gocha 38: Kallattiiwwan Adda Baasuu** ... 29
Gocha 39: Balaa Tiraafikaa irraa Of-eeguu ... 30
**Torban 23ffaa** ... 30
**Gocha 40: Bineeldotaafi Ilbiisota Miidhaa Geessisanirraa Of-eeguu** ... 30
Gocha 41: Balaa Tasaa Irraa Of-eeguu ... 31
Gocha 42: Maraa Waraqaa Hojjachuu ... 31
Gocha 43: Bakka Argama Wantootaa Adda Baasuu ... 32
**Gocha 44: Garaagarummaa Adda Baasuufi Xiinxaluu** ... 32

Torban 25ffaa ..... 34
Gocha 45: Garaagarummaa Adda Baasuu ..... 34
Gocha 46: Dalagaawwan Guyyaa ..... 40
**Torban 26ffaa** ..... 40
**Gocha 47: Mudannoowwan Himuu** ..... 40
**Torban 27ffaa** ..... 41
**Gocha 48: Guyyoota Torbanii** ..... 41
**Gocha 49: Biqiltuuwwan Oddoo Kunuunsuu** ..... 41
Torban 28ffaa ..... 42
Gocha 50: Nyaata Madaalamaa ..... 42
Torban 29ffaa ..... 43
Gocha 51: Hojiiwwan Daa'imman Hojjetan Walitti Qabuu ..... 43
Gocha 52: Lakkaawwii Guyyaa Torbaniifi Ji'oota Waggaa ..... 43
**Torban 30ffaa** ..... 44
**Gocha 53:Seeroota Wayitii Nyaataa kabajamuu Qaban** ..... 44
**Yeroo shaakala Ogummaa Gaarii** ..... 45
SEENSA ..... 45
Torban 3ffaa ..... 46
Gocha 1: Fakkiiwwan Maxxansuu ..... 46
Torban 4ffaa ..... 46
Gocha 2 : Fakkiiwwan Walqabsiisuu ..... 46
Gocha 3: Fakkiiwwan Dibuu ..... 48
Torban 5ffaa ..... 50
Gocha 4: Fakkii Qaamolee Nafa Namaa Dibuu ..... 50
Torban 9ffaa ..... 51
Gocha 5: Fakkii Beelladootaa Halluu Dibuu ..... 51
Torban 10ffaa ..... 53
Gocha 6: Fakkii Yeroo Miseensonni Maatii Hojiiwwan Adda addaa Hojjetan Agarsiisu Halluu Dibuu ..... 53
Gocha 7: Fakkii Bineensota Adda Addaa Halluu Dibuu ..... 54
Torban 11ffaa ..... 56
Gocha 8: Fakkii Biqiloota Adda Addaa Halluu Dibuu ..... 56

Gocha 9: Boca Beelladootaa Dhoqqeerraa Tolchuu ........ 58
Torban 13ffaa ........ 58
Gocha 10: Tuqaaleedhaan Qubeewwan Bocuu ........ 58
Gocha 11: Dhoqqeerraa Bocaawwan Tolchuu ........ 59
Torban 15ffaa ........ 59
Gocha 12: Waraqaalee Mummuruu ........ 59
Gocha 13: Dhoqqeedhaan Qubeewwan Tolchuu ........ 60
Gocha 14: Bocaawwan Muruun Walqabsiisuu ........ 60
Gocha 15: Taangiraamiitiin Meeshaalee Manaa Walqabsiisuu ........ 61
Torban 17ffaa ........ 62
Gocha 16: Kilaaseeriidhaan Bocaawwan Hojjechuu ........ 62
Torban 18ffaa ........ 62
Gocha 17: Qubeewwan mummuruufi Walqabsiisuu ........ 62
Torban 27ffaa ........ 62
Gocha 18: Bocaawwan Joomeetirii Tolchuu ........ 62
Torban 30ffaa ........ 63
Gocha 19: Lakkoofsotaan Fakkii Kaasuu ........ 63
Torban 31ffaa ........ 63
Gocha 20: Hantuutaafi Ilmoolee Ishii ........ 63
Gocha 21: Adeemsa Guddina Biqiltuu ........ 64

## Seensa

Hidhaa kana keessatti gochaaleen dhuunfaa/gareen hojjataman garaagaraa qopha'anii jiru. Gochaalee dhuunfaa /garee qophaa'ankanaan alattis daa'imman yoo xiqqate guyyaa tokkotti gocha tokko kitaaba barataa irraa akka hojjatan osoo taasifamee nijajjebeeffama.

Qajeelfama hidhaa barataa irraa jiru ilaaluun barattoonni waan ajajaman qajeelatti hojjachuu isaanii ni hordofamu . Barattoota ajaja hubachuu rakkataniif hordoffiifi gargaarsi addaa godhamuufii qaba. Shaakalliin bu'uuraa kun yeroo mariifi yaada bu'uuraa gochaalee garaagaraatiin baratan caalaatti akka hubatan gargaaruun alatti qubeewwan, jechootaafi lakkoofsota addaan baasuun barreessuu, fakkiilee dibuun harka isaanii akka hiikkataniif xiyyeeffannoo gochuun shaakalsiisuuf gargaaraa.

Hidhaa kana keessatti gochaalee adda addaa raawwachuuf tooftaaleen dandeessisan kaa'amanii jiru. Tooftaaleen kanneenis, ka'umsaaf kan dhiyaatan waan ta'eef haala qabatamaa naannoo isaaniitiin kan biraa uumanii gabbisuun itti fayyadamuun ni danda'ama,

## Torban 1ffaa

### Gocha 1: Of-beeksiisuu

Daa'immaan dabaree dabareen ka'uun haaluma Faaxumaan of-beeksiistetti hiriyoota daree isaanitiif akka of-beeksisan duraa-duuba armaan gadii hordofaa.

1. Daa'imman tokko tokkoon fedhii isaaniitiin ka'uun hiriyoota daree isaanii dura akka dhaabbatan gochuu,
2. Daa'imman haaluma seenaa Faaxumaarraa dhaga'aniin akka of-beeksisan jajjabeessuu,
3. Daa'imman yeroo of-beeksisan warri taa'an naamusaan akka hordofan taasisuu,
4. Haaluma kanaan daa'imman hunduu akka of-beeksisan carraa kennuufii,

**Hubadhaa!**

- Daa'imman yeroo of-beeksisan maqaa isaanii guutuu, maqaa miseensota maatii, waan jaalataniifi jibban tarreessanii dubbachuu isaanii mirkaneeffadhaa.

### Gocha 2 : Lakkoofsota 1-9 jiran lakkoofsisuu

Lakkoofsota 1-9 jiran qomaan akka waaman tartiiba armaan gadii hordofaa.

1. Sagalee ol-kaasuun lakkoofsota 1-9 jiran tokko tokkoon qomaan waamuu,
2. Daa'imman lakkoofsa yaamame hordofuun sagalee ol-kaasanii waliin akka waaman taasisuu,
3. Daa'imman lakoofsota qomaan irra deddebi'uun erga lakkoofsistanii booda isaanuma keessaa fedhiidhaan nama lakkoofsisu affeeruun haaluma wal fakkaatuun akka lakkoofsisu taasisuu,
4. Haaluma wal fakkaatuun daa'imman garee miseensa 4-6 qabutti ramaduun dabaree dabareen akka lakkaa'an taasisuu.

## Gocha 3: Lakkoofsota 1-9 Jiran Lakkaa'uu

Lakkoofsota 1-9 jiran akka lakkaa'an tartiiba armaan gadii hordofaa.

1. Lakkoofsota 1-9 jiran lakkaa'uuf wantoota barbaachisan; fkn quboota harka isaanii, qorkiiwwan ykn wantoota biroo qopheessuu,
2. Meeshaalee kanneenitti fayyadamuun tokkoo tokkoo lakkoofsotaa qomaan tartiibaan yaamuun /lakkaa'uun/,daa'imman irra deebi'anii akka waaman taasisuu,
3. Daa'imman lakkoofsota irra deddeebitanii qomaan erga lakkoofsistanii booda isaanuma keessaa nama fedhii qabu /eeyyamamaa/ ta'e kaasuun haaluma wal fakkaatuun akka lakkoofsisu/tu taasisuu,
4. Haaluma wal fakkaatuun daa'imman garee miseensa 4-6 qabutti ramaduun dabaree dabareedhaan akka lakkaa'an taasisuu.

## Gocha4: Lakkoofsota 1 -9 Jiran Qomaan Waamuu

Lakkoofsota 1-9 jiran qomaan akka waaman gochuuf tartiiba armaan gadii hordofaa.

1. Kaardii lakkoofsaa, lakkoofsota 1 – 9 jiran qabu qopheessuu,
2. Kaardii lakkoofsichaa iddoo daa'imman hundi arguu danda'anitti fannisuu,
3. Lakkoofsota 1 – 9 jiran ulee dheeraadhaan agarsiisaa sagalee ol-kaasuun tokko tokkoon waamuu /dubbisuu
4. Daa'imman lakkoofsota waaman hordofuun sagalee isaanii ol-kaasuun waliin akka waaman taasisuu
5. Daa'imman lakkoofsota irra deddebi'uun erga waamsistanii booda isaanuma keessaa eeyyamamaa kan ta'e affeeruun haaluma wal fakkaatuun akka waamsisu/tu gochuu

## Torban 3ffaa

### Gocha 5 :Lakkoofsaafi Lakkaa'amaa Walitti Firoomsuu

Lakkoofsota 1-20 jiraniif, qorkiiwwan ykn wanta wal fakkaatan biraa walirra naquun lakkoofsicha wanta lakkaa'amuwaliin akka walitti firoomsaniifi akka lakkaa'an tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa

- Daa'imman garee miseensa 4 - 6 qabuun tessisaa
- Garee garee isaanitiin kaardota lakkoofsaa 1 – 20 mummuramaniifi wantoota lakkaa'aman fakkeenyaaf, qorkiiwwan heddu, saddeeqa, firiiwwan baargamoofi kkf. kennuu
- Daa'imman gareen ta'uun lakkoofsota wanta lakkaa'amu waliin akka walitti firoomsaniifi lakkaa'an taasisuu

### Gocha 6 : Qabannaafi Itti Fayyadama Qubeessaa

Qabannaafi itti fayyadama qubeessaa akka shaakalan gochuun lakkoofsota 1 – 20 jiran akka diban tartiiba armaan gadiihordofuun hojjachiisaa.

- Daa'imman hunduu qubeessaa akka qabatan taasisuu
- Qabannaa qubeessaa isa sirrii itti agarsiisuun lakkoofsota 1–20 jiran keessaa tokko gabatee gurrachaarratti boronqiin dibuun agarsiisuu
- Daa'imman hunduu lakkoofsota 1 – 20 jiran sarara keessaa osoo hin ba'iin dibuu akka shaakalan taasisuu

### Gocha 7 :Tuqaalee Lakkoofsaa Wal-qabsiisuu

Lakkoofsota 1–20 tuqaaleen qophaa'anwalqabsiisuun barreessuu akka shaakalan tartiiba armaan gadii hordofaa.

- Lakkoofsota 1 – 20 jiran tuqaaleen qopheessuu
- Daa'imman hunduu qubeessaa akka qabatan taasiisuu

- Lakkoofsota 1 – 20 tuqaaleen qophaa'an keessaa tokko gabatee gurraacharratti boronqiin walqabsiisanii barreessuun agarsiisuu
- Daa'imman hundi lakkoofsota 1- 20 tuqaaleetiin qophaa'an sarara keessaa osoo hinbaane walqabsiisanii akka barreessan gochuu.

## Torban 5ffaa

### Gocha 8: Garee Keessatti Si'aayinaan Hirmaachisuu

Daa'imman garee gareen geengoo uumanii akka taa'an gochuun waa'ee tapha jaalatanii akka mari'ataniifi achumaanis,itti gaafatamaa garee filachuu, callisanii dhaggeeffachuu, si'aayinaan hirmaachuu akka shaakalan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofaa.

- Daa'imman garee miseensa 4 – 6 qabuun geengoo uumanii akka taa'an gochuu
- Daa'imman jidduu isaaniitii itti gaafatamaa garee akka filatan gochuu
- Daa'imman tapha jaalatan (fkn.'Dhokachoo, tun maalishiin?/ filachuun haala itti taphatamuufi taphicha maaliif akka jaalatan akka mari'atan taasisuu.
- Daa'imman callisanii akka wal dhaggeeffataniifi si'aayinaan akka hirmaatan taasisuu

### Gocha 9 : Lakkoofsota Dhaggeeffatanii Barreessuu

Lakkoofsota 1 -20 jiran daa'immanitti afaaniin itti himaa daa'imman irraa deddebi'uun barreessuu akka shaakalan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofaa.

- Daa'imman eeyyamamaa ta'an lakkoofsa itti himuun gabatee gurraacharratti akka barreessan affeeruu
- Daa'imman hunduu qubeessaa akka qabatan gochuu
- Lakkoofsota 1 – 20 jiran tokko tokkoon afaaniin itti himuun akka barreessan gochuu

**Gocha 10 : Of-Gargaaruu**

Daa’imman gareen geengoo uumanii akka taa’an gochuun barbaachisummaafi faayidaa of-gargaaruu irratti mari’achiisuun hubannoon isaanii akka guddatu gochuuf tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1. Daa’imman mana isaanitti gochaawwan guyyaa guyyaan raawwatan kunis harkaafi fuula isaanii yoo dhiqatan, dabbasaa isaanii yoo filatan, wayyaa isaanii yoo uffatan, kophee yoo hidhatan,nyaata yoo sooratan fakkiiwwan agarsiisan daree keessatti dhaaba manarraatti/keenyaan irratti fannisuu ykn maxxansuu
2. Meeshaalee baruu-barsiisuu: intalaashee(ashaangulliitii) filaa, daawwitii, rigaafi kkf/ kan daa’imman gochaawwan guyyaa guyyaan raawwachuu dandeessisan gara daree barnootaa fiduun tokkoon tokkoo daa’imaa mana barumsaatti of-gargaaruu akka shaakalan gochuu
3. Barbaachisummaafi faayidaa of-gargaaruu daa’immaniif ibsuu
4. Gochaawwan daa’imman of-gargaaruu dandeessisan kan akka:harka dhiqachuu, uffata uffachuu, kophee kaawwachuu,nyaata soorachuu, mana boolii deemuu, rifeensa filachuu fi kkf ofiin akka rawwwatan gochuufi jajjabeessuu
5. Daa’imman rifeensa filachuufi qaama dhiqachuu daree keessatti intalaashee/ ashaangulliitii irratti akka shaakalan gochuu
6. Gocha daa’imman of-danda’anii raawwatan kamiyyuu dinqisiifachuun beekkamtii kennuufii /harkarukkuchiisuufii akka fakkeenyatti dhiyeessuu

## Torban 6ffaa

### Gocha 11: Lakkoofsota Hir'atan Guutuu

Daa'imman lakkoofsota hir'atan guutuun barreessuu akka shaakalan gochuuftartiiba armaan gadii hordofaa.

- Kitaaba shaakallii keessatti lakkoofsota hir'atan kan agarsiisan gabateewwan garaagaraa qopheessuu /fkn Gabatee arman gadii kan fakkaatu/
- Daa'imman lakkoofsota hir'atan guutuun barreessuu akka shaakalan gochuu
- Haaluma walfakkaatuun gabateewwan garaagaraa guutuun lakkoofsota 1–20 jiran barreessuu akka shaakalan gochuu

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 1 | | 3 | | 5 |
| | 7 | | | 10 |
| 11 | | 13 | | 15 |
| | | 18 | | 20 |

## Torban 7ffaa

### Gocha 12- Namoota Gargaaruufi Miidhuu

Daa'imman namoonni akkamitti gargaaramuufi miidhamuu akka danda'an mari'achuudhaan hiriyoota daree isaanitiif akka dhiyeessan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:

- Daa'imman 4 – 6 ta'uun gareen akka taa'an taasisaa
- Namni akkamitti miidhamuus; gargaaramuus; akka danda'u daa'immaniif ibsa taasisuu;

Fakkeenyaaf, namoonni arrabsamuun, tuttuqaa aadmaleetiin, rukutamuun, baay'ina hojiitii fi kkf akka miidhaman;

Namoonni yoo rakkatan gargaaruun, kan qaban walii qooduun, rakkoo namaa hubachuu fi kkf gargaaramuu akka danda'an

- Gareewwan muraasni namoonni akkamitti miidhamuu akka danda’an, gareewwan hafan immoo namoonni akkamitti gargaaramuu akka danda’anirratti akka mari’atan taasisuu
- Daa’imman yaada irratti mari’atan hiriyoota daree isaaniitiif akka dhiyeessan gochuu
- Dhumarratti, qaamni isaanii kan uffataan uwwifame kan dhuunfaa isaanii akka ta’ee fi warra isaaniitiifi ogeessa fayyaa malee namni biraa ilaaluu fi tuquu akka hin dandeenyeefi namni kana nanrawwadha jedhee dirqamsisu yoo jirate warra ykn barsiisota isaanitti himuu akka qaban ibsuun gunduunfuu qabna .

## Torban8ffaa

### Gocha 13 : Akaakuuwwan Geejjibaa

Daa’imman akaakuwwan geejjibaa haaluma amala isaaniitiin akka ramadan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofaa.


- Daa’imman garee gareen teessisuu.
- Waa’ee akaakuuwwan geejjibaa ibsa gabaabaa kennuu
- Fakkii akaakuuwwan geejjibaa mummuraman ykn qophaa’an fakkeenyaaf, konkolaataa, xiyyaara, baabura, gaarii , farda, gaangee, gaala , harreefi kkf gareewwaniif kennuu.
- Daa’immaniif waraqaa sadii kan Q =Qilleensa, G= Garba,L=Lafajedhuirratti barraa’e gareef kennuu
- Daa’imman fakkii akaakuuwwan geejjibaa mummuraman ykn qophaa’an haaluma amala isaaniitiin akka ramadan taasisaa
- Itti aansuun, haaluma wal fakkaatuun akaakuuwwan geejjibaakanammayyaa fi aadaa jechuun akka ramadan taasisaa.


### Gocha 14ffaa :Lakkoofsotaan Fakkii Kaasuu


Daa’imman lakkoofsota walitti qabsiisuun fakkii hiika qabu akka kaasan taasisuuf tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.


- Fakkiiwwan lakkkoofsan qophaayan daa’immaniif kennuudhaan,
- Daa’imman tuqaalee lakkoofsota cinaa jiran walitti qabsiisuun fakkii akka kaasan taasisaa

- Qubeessaa haalluu adda addaa qaban daa’immaniif kennuun fakkii kaasan haalluu akka diban taasisaa




2
1
4
3
0
5
7
8
6
9


7
6.
•8
9.
4
10
5
1
3•
2

# Torban 11ffaa

## Gocha 15 :Saantimootaafi Noottiiwwan Qarshii

Saantimootaafi noottiiwwan qarshii daa’immaniif gareen kennuufiidhaan xiqqaa irraa gara guddaatti akka kaahan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofaa

- Saantimootaafi noottiiwwan qarshii armaan gadii waraqaarratti kooppii taasisaa.
- Saantimoota abbaa 5,10,25 fi 50 akkasumas noottii qarshii abbaa 1,5,10, 50 fi 100 dhiyeessuun akka addaan baasan taasisaa.
- Saantimootaafi noottiiwwan qarshii baay’atan kana daa’immaniif gareen kennuun xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibaan akka kaahantaasisaa.
















## Torban 13ffaa

### Gocha 16:- Uleewwan Hamma Isaaniitiin Tarreessuu (Teessisuu).

Uleewwan hamma garaagaraa qaban daa’mmaniif raabsuun hamma isaaniitiin akka teessisan taasisuuf tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1. Uleewwan dheerinaafi furdina garaagaraa qaban qopheessuu

2.Daa’imman garee gareen qooduun teessisuu

3.Uleewwan dheerinaafi furdina garaagaraa qaban gareewwaniif raabsuu

4.Daa'imman uleewwan dheerina adda addaa qaban gabaabaa,jiddugaleessaafi dheeraa jedhanii akka tartiibessaniifi uleewwwan furdina garaagaraa qaban immoo qal'aa,jiddugaleessaafi furdaa jedhanii akka kaahan gochuu

### Gocha 17 : Wantoota Halluun Ramaduu

Bocaawwan halluu garaagaraa qaban daa'immaniif raabsuun halluu isaaniitiin akka adda baasan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofuun hojjeshiisaa

1. Bocaawwan halluu adda addaa qaban qopheessuu
2. Daa'imman gareegareen qooduun teessisuu
3. Bocaawwan halluu adda addaa qaban gareewwaniif raabsuu
4. Bocaawwan halluu isaaniitiin fkn.halluu diimaa,keelloo,cuquliisaafi kkf qaban iddoo tokko kaawuun halluu isaanitiin akka ramadan taasisaa

### Gocha 18 : Maqaafi Faayidaa Wantootaa Ibsuu

Fakkii wantoota naannootti argaman qabate daa'immaniif dhiyeessuun faayidaa isaanii akka ibsan taasisaa. Fkn. bilbila,siree,kubbaayyaa,saree,adurreefi kkf tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1.Fakkii wantoota naannootti argaman qabate qopheessuu

2.Fakkicha iddoo mul'atutti fannisuu

3. Uleedhaan tuqanii agarsiisuun daa'imman maqaafi faayidaa isaanii akka ibsan taasisaa

### Gocha 19 :Qubeewwan Addaan Baasuu

Gabatee qubee daa'immanitti agarsiisuun afaaniin akka waaman gochuun qubee akka adda baasan taasisuuf tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1.Qubeewwwan torbee (Aa, Bb, Cc, Dd, Ee, Ff, Gg, Hh, Ii, Jj, Kk, Ll, Mm) sagaleefi boca isaanii daa'imman barsiisuu

2.Qubeewwan (Aa, Bb, Cc, Dd, Ee, Ff, Gg, Hh, Ii, Jj, Kk, Ll, Mm) sagaleefi bocaan akka adda baasan taasisaa

3.Qubeewwan (Aa, Bb, Cc, Dd, Ee, Ff, Gg, Hh, Ii, Jj, Kk, Ll, Mm) tokkoo tokkoon isaanii kan biraatirraa maaliin akka adda bahan daa'imman akka irratti mari'atan taasisuu

4.Daa'immanboca qubeewwanii tuttuquun adda baasuufi tokko kan biro waliin waldorgomsiisuu akka danda'an taasisaa

5.Qubeewwan (Aa, Bb, Cc, Dd, Ee, Ff, Gg, Hh, Ii, Jj, Kk, Ll, Mm) fi waraqaa qubeewwan kana qabatan daa'immanitti kennuun daa'imman irra deddeebi'uun halluu akka diban taasisuu. Fkn. dura A , itti aansuun B, itti aanee C,…hangaL kan jiru akka gurraachessan taasisaa.

6.Kan gurraachessan hiriyoota isaanitti agarsiisuun maal akka ta'an akka dubbatan taasisuu

7.Qubeewwan (Aa, Bb, Cc, Dd, Ee, Ff, Gg, Hh, Ii, Jj, Kk, Ll, Mm) kan tuqaaleen barraa'an daa'immaniif raabsuun,daa'imman tuqaalee akka wal-qabsiisan taasisaa

8.Qubeewwan dachaan barreeffaman (Aa, Bb, Cc, Dd, Ee, Ff, Gg, Hh, Ii, Jj, Kk, Ll, Mm) daa'immaniif raabsuun daa'imman sadarkaa sadarkaan sarara keessaa osoo hin baane haalluu akka diban taasisuu

9.Bocaawwaniifi qubeewwan garaagaraa wantoota garaagaraatiin hojjechuufi barreessuu shaakalsiisuu; Fkn, (qorkiin,firii baargamootiin,migiraan,muka kibiriitiin,cirrachaafi kkf)

10. Haalluu bishaanii fayyadamuudhaan qubeewwan baran quba isaaniitiin akka barreessan shaakalsiisuu


11.Daa'imman qubeewwan (Aa, Bb, Cc, Dd, Ee, Ff, Gg, Hh, Ii, Jj, Kk, Ll, Mm) sagaleefi bocaan addaan baasuun dabaree dabareedhaan gabatee qubee irraa akka dubbisan taasisuu


12.Daa'imman qubeewwan (Aa, Bb, Cc, Dd, Ee, Ff, Gg, Hh, Ii, Jj, Kk, Ll, Mm) sagaleefi bocaan addaan baasuun dabaree dabareedhaan gabatee qubee irraa akka dubbisiisan taasisaa


13.Qubeewwan baraniifi dubbisan boca isaanii waraqaa irratti akka barreessan jajjabeessuu

14.Daa'imman qubee 'A' dubbachiiftuwwan biroo waliin irra deddeebi'anii barreessuun akka shaakalan taasisuu

15. Qubeewwan torbanii (dubbachiistuufi dubbifamaa waliin jiran) fayyadamuun haala fakkeenya armaan gadiitiin sarara ciccitaa walqabsiisuun qubeewwan irra deebi'anii akka barreessan taasisaa.

A 

B 

C 

## Torban 14ffaa

### Gocha 20 :- Firoominaafi Duraa Duuba

Firoominaa (walitti dhufeenya) fi duraa duuba wantoota jidduu jiru akka hubatan taasisuuf tartiiba armaan hordofaa.

- Wantoota baay'inaafi halluu adda addaa qaban, fakkeenyaaf.kubbaawwan, firiiwwan, qorkiiwwan, wantoota lakkaa'aman, qawwisa/aziraariiwwan, bocaawwan ji'oomeetirii, dooqaa, saddeeqaafi kkf baay'inaan gara dareetti qabanii haa dhufan
- Itti aansuun, daa'imman gareen addaan qoodaa
- Sana booda, wantootaafi lakkaa'amtoota hamma garaagaraa qaban walitti makuun daa'imman gareewwanitti argamaniif qoqqoodaa
- Itti aansuun, lakkaa'amtoota wal-fakkaatoo ta'an akka walitti firoomsan jajjabeessaa.(Fkn.Arjajjaa'aa/shaakarraa'aa, lallaafaa,xiqqaa, guddaafi kkf kan ta'an iddoo tokkotti walitti qabuun)
- Maaliin akka wal-fakkaatan daa'imman gaafadhaatii deebii akka kennan jajjabeessaa.
- Saniin booda lakkaa'amoota walhin-fakkaanne daa'imman adda baasanii akka teessisan jajjabeessaa.
- Maaliin akka walhin-fakkaanne gaafadhaatii deebii akka laatan jajjabeessaa.
- Itti aansee, wantoota walitti dhufeenya adda addaatiin walitti qaban,duraa duubaan akka teessisaniifi duraa duuba maaliitiin akka teessisan akka himan taasisaa.(Fkn. xiqqaa,giddugaleessaafi guddaa jechuun sadarkaa walcaalchisaatiin)
- Dhumarrattis, yaada bu'uuraa walitti dhufeenya (firoomina) fi duraa duuba wantoota jidduu jiru irratti yaada guduunfaa kennaafii.

## Torban 15ffaa

### Gocha 21 :-Tuuta Uumuu

Wantoota lakkaa'amaniifi haada kennuufiidhaan,wantoota haada keesssatti akka walitti qaban taasisuudhaan yaada bu'uura tuutaa akka hubatan taasisuuf tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1.Wantoota lakkaa'amaniifi haada qopheessuu

2.Daa'immaniif tuuta jechuun maal akka ta'e ibsuufii

3.Haadaan dallaa hojjechuudhaan qorkii keessa naquun tuuta dalagaa itti agarsiisaa

4.Wantoota lakkaa'amaniifi haada qophaa'an daa'immaniif raabsaa

5.Daa'imman haaluma arganiin wantoota lakkaa'amaniifi haadaan tuutota garaagaraa hojjetanii akka agarsiisan taasisaa

### Gocha 22 : Yaaliiwwan Taasisuu

Baala irraa balaanbaleetti, waraqaa irraa doonii dalaguu shaakalsiisuun yaaliwwan garagaraa akka godhan gargaraa.Tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1.Baalaafi waraqaa qopheessuu

2.Baala irraa balaanbaleetti,waraqaa irraa dooniifi xayyaara hojjetanii agarsiisuu

3.Daa'imman bu'uuruma arganiin hojjetanii akka agarsiisan taasisuu

## Torban 16ffaa

### Gocha 23 : Halluu Qopheessuu

Biyyee diimaafi baala cuunfuun halluu hojjechuu shaakalsiisuun yaaliiwwan adda addaa akka dalagan gargaraa.Tartiiba amaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1.Biyyee,baala,habaaboofi bishaan qopheessuu

2.Wantoota armaan olitti tuqaman fayyadamuudhaan akkamitti halluu dalaguu akka danda'an agarsiisuu

3.Wantoota armaan olitti tuqaman cuunfuunifi walitti makuun halluu dalaguu akka shaakalan agarsiisaa

### Gocha 24: Tuutota Wal-madaalchisuu

Daa'immaniif wantoota adda addaa kennuun irra guddaa,irra xiqqaa,walqixa jechuun akka walmadaalchisan taasisaa. Tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1.Uleewwan,bocaawwan ji'oomeetirii,haada, daa'imman gareen teessisuun raabsaafii

2. Daa'imman haada kennameefin tuutota lama akka hojjetan godhaa

3. Itti aansuun, bocaawwan jidduu rog-sadee tokko,geengoo tokko,rog-afree tokko akka galchan taasisuu

4. Tuuta lammaffaa keessatti uleewwan shan akka keessa galchan taasisuu

5. Saniin booda, tuutota lamaan hojjetan wal-cinaa teessisuun lakkaawwamoota keessa jiran akka lakkaa'an taasisuu

6. Itti aansuun, tuuta kamtu wanta lakkaa'amu baay'ee akka qabuu fi kamtu wanta lakkaa'amu xiqqoo akka qabu gaafachuu

7. Sanaan booda, tuuta kamtu akka caalu kamtu akka irra xiqqaatu gaafadhaa.Deebii isaas tuutota wal-madaalchisanii akka himan gaafachuu dha.

8. Gilgaala kana irra deddebi'uun hojjechuun yaada tuuta hojjechuufi wal-madaalchisuu akka hubatan taasisaa

## Torban 17ffaa

### Gocha 25: Biqiloota Biqilchuu

Biyyee, bishaaniifi ifa aduu fayyadamuudhaan pilaastika keessatti biqiltuu dhaabuu akka danda'an gargaaraa.Tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1. Biyyee,pilaastikaafi bishaan qopheessuu

2.Biyyee qopheessuun pilaastika saahinaa keessa kaa'aa

3.Sanyii midhaan dheedhii: fkn.baaqelaa itti naquufi biyyoo iddoo ifa aduu argatu teessisuu

4.Guyyaa guyyaan bishaan obaasanii kunuunsuunguddina isaa hordofuu

5.Dhumarrattis, daa'imman hunduu biqiloota dhaaban akka daawwatan taasisuudhaan akka walirraa baran taasisuu

### Gocha 26 : Bal’ina Iddoo Wantootaa Wal-madaalchisuu

Meeshaalee hamma garaagaraa qaban kennuun;meeshaa guddaafi xiqqaa keessaa kamtu iddoo bal’aa akka qabatu akka ibsan taasisaa.

1.Meeshaalee ykn wantoota hamma garaagaraa qaban garee gareen kennuufii

2.Meeshaalee minjaala irra wal-cinaa teessisuu fkn.dabtaraafi kitaaba

3.Iddoo meeshaaleen qabatan ilaaluun kamtu iddoo bal’aafi kamtu iddoo dhiphaa akka qabatan akka himan taasisuu

### Gocha 27 : Jechoota Addaan Baasuun Dubbisuu

Qubeewwan beekan fayyadamuun jechoota ijaaran qomaan (afaaniin) akka addaan baafataniifi dubbisan taasisaa.Tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa

1. Daa’imman qubeewwan beekan (baran) (Aa, Bb, Cc, …Mm)sagaleefi bocaan akka yaadatan taasisuu

2.Qubeewwan barataniin jechoota uumaman wantootaafi fakkii gochaalee waliin walitti firoomsuun hiika isaanii akka hubatan taasisuu

3.Qubee Aa, Bb, Cc, …Mm dalgeefi gadeetti barreessuun daa’imman tartiibaan (duraa duubaan ) akka dubbisan taasisuu, Fkn, baala, mana ,saree,

4.Qubeewwan mummuraman (Aa, Bb, Cc, …Mm) wal-qabsiisuun jechoota akka ijaaran gochuu

5.Jechoota ijaaran irra deddeebi’uun akka dubbisaniifi barreessan taasisuu

6.Dhawaatan, gosoota qubee tokkoo tokkootiin gara cinaatti ,gara gadiitti barreessuun tartiibaan akka dubbisan taasisuu

7.Gosoota qubee tokkoo tokkootiin jechoota akka ijaaran taasisuu

8.Qubeewwan barataniin jechoota ijaaraman wantootaafi fakkii gochaalee waliin waliitti firoomsuun hiikkoo isaanii akka hubatan taasisuu. Fkn. qamalee jecha jedhu fakkii qamalee waliin walitti firoomsuu

9.Dabareedhaan hiriyoota isaanii fuulduratti bahanii jechoota ijaaran akka dubbisaniifi dubbisiisan jajjabeessuu

### Gocha 28: Hima Ijaaruu

Qubeewwan beekan (barataniin) jechoota ijaaraman fayyadamuun hima salphaa abbaa jecha lamaa ykn sadii akka ijaaraniifi dubbisan taasisaa.Tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1.Daa'imman qubeewwan beekan (baran) Aa, Bb, Cc, …Mm fayyadamuudhaan jechoota ijaaran sagaleen akka yaadatan taasisuu

2.Qubeewwan barataniin jechoota ijaaraman faayadamudhaan hima salphaa akka ijaaran taasisaa

3.Himoota ijaaran irra deddeebi'uun akka dubbisan taasisuu

4.Hiriyoota isaanii fuulduratti bahanii dabaree dabareen himoota ijaaran akka dubbbisaniifi dubbisiisan jajjabeessuu

## Torban 18ffaa

### Gocha 29 :Wantoota Dhangala'oofi Jajjaboo Safaruu

Daa'imman yaada bu'uura dhangala'oofi jajjaboo safaruu akka hubatan taasisuuf tartiiba armaan gadiin hojjechiisaa.

1.Kubbaayyaa,xaasaa,meeshaa pilaastikaa bishaan qabatuufi cirracha qopheessu

2.Daa'imman gareen teessisuu

3.Daa'imman fuuldura kubbaayyota walqixaa lamaafi meeshaa pilaastikaa bishaanin guutame teessisaa

4.Kanaan booda, bishaan meeshaa pilaastikaa keessaa kubbaayyaa tokkotti guutaa.Kubbaayyaa isa lammaffaa duwwaatti dhiisaa.

5.Itti aansuun, bishaan kubbaayyatti naqame gara kubbaayyaa duwwaatti garagalchaa .

6.Kubbaayyaa tokko keessaa gara kubbaayyaa birootti bishaan yoo garagalchinu,kubbaayyonni lachuu bishaan wal-qixa akka qabatan hubachiisaa

7.Itti aansuun,tokko xaasaa,kaan immoo kubbaayyaa taasisaa. Kubbaayyatti bishaan guutuun gara xaasatti garagalchaa itti agarsiisaa. Xaasichi akka hinguuutiiniifi kubbaayyaa akka caalu itti himaa

8.Kubbaayyaa,xaasaa,meeshaa pilaastikaa bishaan qabatu bishaan raabsuun haala isin itti agarsiistaniin bishaanicha waraabaa garagalchaa akka safaran gochuun yaada bu’uuraa dhangala’oofi jajjaboo safaruu akka hubatan gochuu

9.Adeemsicha keessatti safartoonni walcaaluu isaanii akka hubatan taasisaa.

### Gocha 30: Hojjaan Wal -dorgomsiisuu

Wantoota hojjaan walcaalan akka safaraniifi waldorgomsiisan taasisaa

1.Daa’imman garee saditti qooduu

2.Uleewwan baay’ee hojjaa garaagaraa qaban (jechuun dheeraa,giddugaleessaafi gabaabaa) qopheessuu

3.Garee tokkoffaaf ulee dheeraa,garee lammaffaaf ulee giddugaleessa,garee sadaffaaf ulee gabaabaa raabsuu


4.Itti aansee, garee tokkoffaa keessaa daa’ima tokko waamuun ulee dheeraa akka teessisu taasisuu

5.Garee lammaffaa keessaa daa’ima tokko waamuun ulee dheeraatti aansee ulee giddugaleessa akka teessisu taasisuu

6.Dhumarratti, daa’ima tokko waamuun ulee gabaabaa uleewwan lamanitti aansee akka teessisu taasisuu

Haaluma kanaan daa’imman garee keessa jiran hundaa hirmaachisuufi ibsa jecha dheeraa, giddugaleessaafi gabaabaa akka beekan taasisuu.

Fakkeenyaaf,



Barsiisaa: Gareewwan sadanuu keessaa dabareedhaan ulee yoo kaahan haala kanaan akka kaa’an godhaa.

# Torban 19ffaa

## Gocha 31: Paziloota Wal-qabsiisuu

Paziloota garaagaraa walqabsiisuun garaagarummaa bakkaafi hamma jidduu jiru akka hubatan godhaa.Tartiiba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa.

1.Daa’imman garee gareen akka taa’an taasisaa

2.Paziloota adda addaa qophaa’an gareef raabsuu (fkn. pazilii kanaa gadi jiru hidha artii keessaa artii lakkoofsa 5 fayyadamuun ni danda’ama.)

3. Boca mummurame garee hundaafuu raabsuun akka walqabsiisan gargaaruu.Dursee kan walqabsiise moo’ataa ta’uu ibsuu

4. .Daa’imman pazilii gareen walqabsiisan hiriyyoota isaaniitti akka agarsiisan gochuu

## Gocha 32: Kallattiifi Fageenya Adda Baasuu

Jechoonni iddoo,fageenyaa fi kallatti ibsan (dhiyeenyatti,fagoo,keessa,irra fi kkf) akka adda baasan taasisuuf tartiiba armaan gadii fayyadamuun hojjechiisaa.

1.Fakkiiwwan,minjaala,kubbaafi qaruuraa qopheesssuu

2.Daa’imman fuulduratti haala itti mul’achuu danda’utti minjaala jidduu irra kubbaa teessisaa.Kanaan booda, minjaala jidduu isaa irra maaltuu taa’e jechuun gaafadhaa.

3.Qarqara minjaalaa irra immoo, qaruuraa teessisaa.Itti aansuun, qarqara minjaalaa irra maaltuu taa’e jechuun gaafadhaa.

4.Jidduu minjaalaa irra kubbaa,qarqara minjaalaa irra immoo qaruuratu taa’e jechuun itti himaa.

5.Itti aansuun, kubbaawwan lama daa’imman fuulduratti tokko dhiyeenyatti kaan immoo, fageenya irra teessisaatoo daa’imman kamtuu dhiyoo, kamtuu fagoo akka taa’e gaafadhaa.Sanaan booda, deebii deebisaafii.

6.Wantoota kallattii adda addaa irra deddeebi’anii teessisuun kallattiifi fageenyasaanii gaafadhaa.

# Torban 20ffaa

## Gocha 33: Naannoo Ofii Beekuu

Daa'imman wantoota uumamaafi nam-tolchee naannoo isaaniitti argaman akka adda baafatan gochuuf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa:

1. Daa'imman yaadrimee jecha ' naannoo' jedhurratti hubannoo akka qabaatan gochuu
2. Wantoonni uumamaafi nam-tolchee ta'an naannootti akka argaman haala daa'imman hubachuu danda'aniin ibsuufii
3. Wantoota uumamaan argaman warri jennu wantoota uumamaan argannu lubbu-qabeeyyiifi lubbu-dhabeyyii yommuu ta'an, isaanis biqiltoota, bineeldota, bishaan, biyyee, dhagaa, aduu, baatii, urjiiwwan, qilleensa, duumessaafi kkf. akka ofkeessatti hammatu hubachiisuu
4. Daa'imman wantoota naannootti argaman daawwachiisuudhaan hubannoo akka argatan gochuu
5. Daawwannaan booda, waa'ee wantoota daawwataniirratti akka mariyatan gochuu,
6. Wantoota uumamaa biqiltoota jedhaman jalatti mukkeen adda ddaa: margi, kuduraaleefi fuduraaleefi kkf. akka argaman beeksisuu,
7. Bineeldota jalatti immoo, beelladoonni, bineensonni, ilbisoonni, allaattiiwwaniifi bineeldonni bishaan keessaafi kkf.akka argaman hubachiisuun sirriitti akka qayyabatan gochuu (fkn. beelladoonni: adurree, saree… yommuu ta'an bineensonni immoo, leenca, qeerransa, waraabessaafi kkf.)
8. Wantoonni namtolchee ta'an mana, karaa, riqicha, minjaala, barcumafaa akka ta'aniifibifuma kana fakkaatuun wantoota namtolchee naannoo isaaniitti argaman daa'imman akka himan jajjabeessuu.

### Gocha 34: Meeshaalee Ulfaatina Isaaniin Waldorgomsiisuu

Ulfaatina meeshaalee daree keessatti argaman ibsuuf salphaa, ulfaatoo, baay'ee ulfaaoo jechuun akka waldorgomsiisan gochuuf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa:

1. Daa'imman geengoon akka taa'an godhaa
2. Sana booda, mukkeen ykn meeshaalee biroo bocaan walqixa ta'an garuu ulfaatina garaagaraa qaban bakka daa'imman taa'an walakkaa kaa'aa

3. Itti aansuun, daa'imman dabareen ka'uun meeshaalee sanneen harkaan ol fuudhuun irra deddeebi'anii akka waldorgomsiisan taasisaa
4. Sana booda, inni salphaafi inni ulfaatoon kam akka ta'e akka himan jajjabeessaa,
5. Itti fufuun, feestaalota halluu walfakkaatu qabaniifi hangi isaanii walqixa ta'e qopheessaa,
6. Sana booda, wantoota ulfaatina garaagaraa qaban itti naqaa,
7. Dhumarratti, daa'imman dabareen ba'anii harkaan kaasuun akka waldorgomsiisan taasisaa,
8. Ulfaatinaan kamtu salphaafi ulfaatoo akka ta'e akka himan jajjabeessaa

## Torban 21ffaa

### Gocha 35: Qindoomina Harkaafi Ijaa Gabbifachuu

Daa'imman wantoota garaagaraa akka hojjetan taasisuudhaan qindoomina harkaafi ijaa akka gabbifatan gochuuf haala duraa duuba armaan gadiitiin hojjechiisaa.

1. Cirracha, dhoqqee, mukaafi waraqaa qopheeffachuu
2. Cirracha fayyadamuun quba agarsiistuutiin geengoo, mana, sarara daddabaafi kkf. akka hojjetan gochuu,
3. Dhoqqee fayyadamuun waciitii, saahanii, buddeena, boca bineeldotaafi kkf. akka hojjetan gochuu,
4. Muka ( man'ee kibiriitii) walitti fufsiisuun hidhuun mana, daandiifi kkf. akka hojjetan gochuu,
5. Waraqaa fayyadamuun sarara addaddaa, ji'oometirii mana, intalashee( ashaangulliitii), poostikaardiifi kkf. akka hojjetan gochuudhaan qindoomina harkaafi ijaa akka gabbifatan taasisuu.

### Gocha 36: Wantoota Qabiyyee Isaaniin Waldorgomsiisuu

Jechoota qabiyyee wantoota addaddaa ibsan kanneen akka: duwwaa, guutuu, irra xiqqaa, irra guddaafi kkf… jechuun akka waldorgomsiisan taasisaa.

1. Pilaastika bishaanii akaakuu tokkoo afur qopheeffadhaa

2. Pilaastika isa tokkotti bishaan itti guutuu; isa lammaffaatti immoo, bishaan walakkaa itti naquu; isa sadaffaatti, bishaan 1/4ffaa ykn nuusa itti naquun, isa afraffaa osoo bishaan itti hin naqiin duwwaa dhiisuu
3. Daa'imman garee gareen akka taa'an gochuu
4. Pilaastika bishaanii qophaa'an afran tokkoo tokkoo gareef kennuu
5. Daa'imman duraa duuba eeguun pilaastika bishaanii isa duwwaarraa gara guutuutti ykn isa guutuurraa gara duwwaatti akka kaahan gochuu
6. Dhumarrattis, daa'imman wantoota ( meeshaalee) adda addaa haala itti sirnaan kaahaniifi waldorgomsiisan hubachiisaa.

## Torban 22ffaa

### Gocha 37: Qubeewwan, Jechootaafi Himoota Sasalphaa Barreessuu

Qubeewwan torbanii (Nn, Oo, Pp, Qq, Rr, Ss, Tt, Uu, Vv, Ww, Xx, Yy, Zz) fayyadamuun qubeewwan, jechootaafi himoota sasalphaa akka barreessan gochuuf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa.

1. Qubeewwan torbanii fayyadamuudhaan haala fakkeenya armaan gadiitiin jechoota irra deddeebi'anii akka barreessan godhaa. Fakkeenyaaf, N-Nama, O-Odaa, S-Sareefi kkf…Akkasumas, qubeewwan jecha keessaa hir'atan akka guutan godhaa. Fakkeenyaaf, n__ma, o__aa, sa__ee
2. Qubeewwan torbanii fayyadamuudhaan jechoota uumaniin himoota sasalphaa akka barreessan taasisaa. Fakkeenyaaf, Sareen dutte.
3. Daa'imman maqaa isaanii hanga abbaatti barreessuu akka shaakalan qubeewwan maqaa isaanii keessa jiran akka yaadataniifi barreessuu akka shaakalan taasisaa.

### Gocha 38: Kallattiiwwan Adda Baasuu

Daa'imman bakka jiranirraa ka'uun kallattii argama wantootaa akka ibsan gochuudhaaf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa:

1. Minjaalarra wantoota adda addaa kaa'aa
2. Daa'imman wantoota garaagaraa minjaalarra kaa'aman ilaaluudhaan kallattiiwwan akka himan jajjabeessaa,

3. Daa'ima fedhii qabu/du tokko kaasuun fuula isaa naanneessee akka dhaabbatu gochuu
4. Daa'imman taa'aa jiran keessaa tokko maqaa isaa akka waamu taasisuudhaan kan waame kallattii kamirraa akka ta'e akka agarsiisu gochuu
5. Fakkiiwwan kallattii agarsiisan keenyan/dhaaba manaa irratti maxxansuufi daa'imman dabareen waamuun eenyu eessa akka dhaabbate, akka taa'e, cinaa kamiin akka jiru fakkicha ilaaluun deebii akka kennan jajjabeessuu
6. Daa'imman lama waamuun teessoo ( barcuma) gidduu akka dhaabbatan gochuun eenyu gara bitaan, eenyu immoo gara mirgaan akka dhaabbate daa'imman biro gaafachuun deebii akka kennan gochuu
7. Itti aansuun, daa'ima tokko achi fageessuun, daa'ima biroo immoo gara teessootti dhiyaatee akka dhaabatu gochuun bakka dhaabbatanii jiranirraa eenyutu teessootti dhihaatee akka jiruufi irraa fagaatee akka jiru daa'imman kaan gaafachuun deebii akka kennan gochuu

### Gocha 39: Balaa Tiraafikaa irraa Of-eeguu

Daa'imman seerotaafi dambiiwwan nageenya tiraafikaa akka hubatan gochuuf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa:

1. Daa'imman balaa tiraafikaarraa akkamitti of-eeguu akka qaban maatii isaanii gaafachuun daree keessatti akka ibsan gochuu
2. Daa'imman yommuu daandii qaxxaamuran seerota tiraafikaa akka kabajuu qaban hubachiisuu
3. Ibsaan tiraafikaa diimaan yommuu ifu konkolaatonni dhaabbachuun lafoon daandii qaxxaamuruu akka danda'an, keelloofi magariisni yommuu ifu namoonni dhaabbachuu akka qabaniifi konkolaatonni deemuu akka jalqaban hubachiisuu
4. Daandii konkolaataarratti kubbaa taphachuun balaaf akka isaan saaxilu hubachiisuu.

## Torban 23ffaa

### Gocha 40: Bineeldotaafi Ilbiisota Miidhaa Geessisanirraa Of-eeguu

Daa'imman, bineeldotaafi ilbiisota miidhaa geessisanirraa akka of-eeguu danda'an gochuuf duraa duuba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa:

1. Daa’imman, bineeldotaafi ilbiisota miidhaa geessisanirraa akkamitti akka of-eeguu qaban maatii isaanii gaafachuun daree keessatti akka dhiyeessan gochuu
2. Bineeldota nama ciniinaniifi balaa geessisuu danda’an irraa akkamitti akka of-eeguu qaban beesksisuu,(fkn. Sareerraa)
3. Ilbiisota nama hiddaniifi dhibee qabsiisan adda baasuun daa’imman ofeegganoo akkamii gochuu akka qaban irratti mari’achuu.( Fkn. kanniisa, bookee busaafi kkf.)

## Gocha 41: Balaa Tasaa Irraa Of-eeguu

Daa’imman wantoota addaaddaa ibidda uumuu danda’anirraa, balaa bishaaniifi elektirikaa irraa of-eeguu akka danda’an gochuudhaaf haala duraa duuba armaan gadii hordofaa:

1. Daa’imman wantoota garaagaraa ibidda uumanirraa, balaa bishaaniifi elektirikaafi kkf… irraa akkamitti of-eeguu akka qaban maatii isaanii gaafachuun daree keessatti akka dhiyeessan gochuu
2. Wantoota ibidda uuman harkaan qabuu dhiisuufi kibiriitiin taphachuu akka hinqabne beeksisuu
3. Haada elektirikii harkaan qabu dhiisuu; keessumattuu, haadni elektirikii kufee jiru balaa akka qaqqabsiisu beeksisuu
4. Lagarratti, galoo bishaaniirratti, bishaan ciisaafi barmeela bishaan itti guutee jirurra utaalaa taphachuun balaaf kan isaan saaxilu ta’uu isaarratti mari’achuu; mudannoo addaddaa itti himuu.

## Gocha 42: Maraa Waraqaa Hojjachuu

Maraa waraqaa hojjatanii akka walqabsiisan gochuudhaan si’oomina qubaa akka gabbifatan gochuuf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa:

1. Waraqaa, hapheessituu waraqaa, maqxoofi sarartuu qopheeffachuu
2. Waraqaa qaqal’isanii mummuruu
3. Waraqaa mummurame boca qubeellaan maruun qubeellaa waraqaa tokko isa kaaniin walqabsiisaa fo’aa waraqaa hojjetanii agarsiisuu
4. Daa’immanis akkaatuma ilaalaniin waraqaa mummurame boca qubeellaan maruudhaan qubeellaa waraqaa tokko isa kaaniin walitti qabsiisaa fo’aa waraqaa akka hojjetan taasisuu.


## Gocha 43: Bakka Argama Wantootaa Adda Baasuu


Meeshaalee daree barnootaa keessatti argaman seeraan akka kaahaniiniifi haala taa'umsa isaaniin bakka argama meeshaalee akka himan gochuuf tartiiba armaan gadii hordofaa:


1. Meeshaalee daree keessa jiran seeraan kaahuu
2. Taa'umsi meeshaalee kanneenii bakka argama mataa isaaniifi taa'umsa meeshaalee biroon walbira qabuun fuulduraan, duubaan, bitaan, mirgaan,… argama jechuun akkamitti ibsuu akka danda'an agarsiisuu
3. Taa'umsi meeshaalee kallattii daa'imman jiranirraa fuulduratti, bitaatti, mirgaatti, duubatti, ….argama jechuun akka ibsan gochuu
4. Taa'umsi meeshaalee bakka taa'umsa meeshaalee biroorraa fuulduratti, duubatti, bitaatti, mirgaatti,… argama jechuun akka ibsan gochuu,


## Gocha 44: Garaagarummaa Adda Baasuufi Xiinxaluu


Fakkiiwwan walfakkaatan lama garuu immoo garaagarummaa xiqqoo qaban fayyadamuudhaan waan hir'ate hubatanii akka adda baasaniifi akka walfakkeessan gochuuf fakkiiwwan armaan gadii fayyadamaa.














## Torban 25ffaa

### Gocha 45: Garaagarummaa Adda Baasuu

Fakkiiwwan walfakkaatan lama garuu, garaagarummaa muraasa qaban fayyadamuudhaan bakka hir’ate hubannaan akka adda baasan gochuuf fakkiiwwan armaan gadii fayyadamaa:

Fakkii lakkoofsa 1 erga sirriitti ilaaltanii booda, yoo xiqqaate garaagarummaa lama fakkii lakkoofsa 2 irraa barbaadaa.

**Fakkii 1**



**Fakkii 2**




Fakkii lakkoofsa 3 erga sirriitti ilaaltanii booda, yoo xiqqaate garaagarummaa sadii fakkii lakkoofsa 4 irraa barbaadaa.

**Fakkii 3**



**Fakkii 4**



Fakkii lakkoofsa 5 erga sirriitti ilaaltanii booda, yoo xiqqaate garaagarummaa afur fakkii lakkoofsa 6 irraa barbaadaa.

**Fakkii 5**



**Fakkii 6**




Fakkii lakkoofsa 7 erga sirriitti ilaaltanii booda, yoo xiqqaate garaagarummaa shan fakkii lakkoofsa 8 irraa barbaadaa.

**Fakkii 7**



**Fakkii 8**



### Gocha 46: Dalagaawwan Guyyaa

Daa'imman gochawwan guyyaatti raawwatamaniifi ibsituuwwan yeroo guyyaa tokko keessa jiran akka adda baasan gochuuf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa:

1. Dalagaawwan ganama, guyyaa, galgalaafi halkan raawwataman fakkiin agarsiisuun mariisisaa
2. Jiruu isaanii guyyaa keessatti yommuu mana barnootaa dhaqaniifi yommuu mana oolan maal akka dalagan gaafadhaa
3. Fakkii qopheessuun dalagaawwan fakkicharra jiran ilaaluun fakkaattii isaa waliin akka walitti firoomsan taasisaa
4. Guyyaaf geengoo hojjachuun naannawaa geengichaa halluu bifa burtukaanaa dibuun yeroo isa kam akka agarsiisu ibsaa
5. Galgalaaf immoo, walakkaa geengoo hojjechuun halluu bifa gurraachaa dibuufi urjiiwwan hojjechuun yeroo isa kam akka agarsiisu ibsaa
6. Sana booda, mallattoowwan yeroo ibsan fakkiiwwan dalaga guyyaa keessatti raawwatamu agarsiisan waliin walitti firoomsuun bifa waldorgommiin hajjechiisaa.

## Torban 26ffaa

### Gocha 47: Mudannoowwan Himuu

Daa'imman manatti, qe'eetti, mana barnootaatti kaleessaafi har'a waan isaan mudate akka himuu danda'an gochuuf duraa duuba armaan gadii hordofuun hojjechiisaa:

1. Daa'imman mooraa mana barnootaa keessatti daawwannaa akka adeemsisan taasisaa. Yommuu daawwatan wantoota addaaddaa mooraa mana barnootaa keessatti argaman akka hubatan godhaa,
2. Guyyaa itti aanutti immoo, kaleessa maal akka daawwatan; wantoota akkamiifaa akka argan gaafadhaa
3. Itti aansuun, daa'imman hundi guyyaa kaleessaafi har'aa manaafi qe'ee isaaniitti waan isaan mudate fedhiidhaan dabaree dabareedhaan hiriyoota isaaniitti akka himan taasisaa.

## Torban 27ffaa

### Gocha 48: Guyyoota Torbanii

Guyyoota torbanii  akka adda baafachuu danda'an gochuuf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa:

1. Qubee isa jalqabaan eegalee kan qophaa'e gabatee guyyoota torbanii qabu qopheessuu ( fkn: W- Wixata, K- Kibxata, R- Roobii,…)
2. Gabatee guyyoota torbanii qabubakka daa'immaniif mul'atutti fannisuudhaan maqaa guyyootaa akka waaman gochuudhaan guyyoota jiran akka adda baafatan gochuu
3. Guyyoota torbanii duraa duuba sirrii ta'een akka adda baasan gochuu (fkn. guyyaa jalqaba torbaniifi barumsi itti eegalu Wixata, guyyaan lammaffaan immoo Kibxata…). Torbaan tokko guyyoota torba akka qabuufi guyyootiin shanan Wixataa hanga Jimaataatti guyyoota hojii akka ta'an, guyyootiin lamaan hafan Sambataafi Dilbanni guyyoota boqonnaa akka ta'an itti himaa.

### Gocha 49:  Biqiltuuwwan Oddoo Kunuunsuu

Biqiltuuwwan Oddoo addaddaa tooraan akka dhaaban gochuudhaan waan haaraa hojjatanii akka agarsiisan gochuuf duraa duuba armaan gadii hordofaa:

1. Meeshaalee biqiltuuwwan oddoo keessa dhaabamaniifi sanyii qopheeffadhaa
2. Iddoo biyyeen itti argamu adda baasuun meeshaa keessa dhaabanitti akka guutan gochuu
3. Akkamitti akka dhaabamu itti agarsiisuun daa'imman hundi akka dhaaban gochuu
4. Kunuunsa guyyaa guyyaan  gochuu qaban hubachiisuu (fkn. bishaan obaasuu,….)
5. Guyyaa guddina biqiltootaa akka hordofaniifi hiriyoota isaanitti akka agarsiisan jajjabeessuu.

## Torban 28ffaa

### Gocha 50: Nyaata Madaalamaa

Daa'imman faayidaa soorata madaalamaa akka hubataniifi himan gochuuf haala duraa duuba armaan gadii hordofaa:

1. Odeeffannoon armaan gaditti dhiyaate hubannoo keessaniif waan ta'eef, daa'imman faayidaa soorata madaalamaa sadarkaa isaaniitti akka hubataniifi himan haala ifaafi salphaa ta'een ibsaafii.
2. Gaaffiiwwan barreeffamichaan walitti dhufeenya qaban gaafachuun daa'imman akka deebisan godhaa.

**Soorata Madaalamaa**

Soorata madaalamaa nyaachuun fayyaa qabaachuuf wanta murteessaadha. Qaamni keenya karaa guutuu ta'een akka guddatuufi cimuuf akaakuu nyaataa garaagaraa nu barbaachisa. Kaarbohayidireetonni qaama keenyaaf humnaafi ho'a kennu. Pirootinoonni immoo, lafeewwaniifi qaama keenya waliigalaa ijaaru. Sooranni zayita qabu guddina daa'immaniif murteessaa yommuu ta'u, vaayitaaminoonniifi albuudonni immoo, dhibee nurraa ittisuun fayyaa akka qabaannu nu gargaaru.

Tokkoo tokkoo gartuu soorataa keessatti albuudota garaagaraatu argama. Haata'u malee, haala salphaa ta'een ibsuuf akka tolutti sooranni albuudota of-keessaa qabaniin gartuuwwan soorataa addaaddaa jalatti kan ramadamanidha. Daa'imman dhimmoota kanneen haala salphaa ta'een yaadachuu akka danda'an gochuuf soorata humnakennan, qaama ijaaraniifi dhibee ittisan jennee waamuun ibsuufii dandeenya.

**Faayidaa Soorata Humna Kennanii( Kaarboohayidireetotaa)**

Sooranni humna kennan ( kaarboohayidireetonni) akka taphachuu dandeenyu, hojjachuu dandeenyuufi barachuu dandeenyuuf humna nuuf kennu. Sooranni humnakennan: ruuza, qamadii, boqqolloo, daagussaa, shukkaara, damma, zayita, moosee, dhadhaa, qooccoofi kkf. irraa argamu.

**Faayidaa Soorata Qaama Ijaaranii ( Pirootinoota)**

Sooranni qaama ijaaran ykn pirootinoonni akka guddannuufi fayya qabeessa taanuuf kan nu gargaaran yommuu ta'u, qaama keenya haaromsuufis nifayyadu. Sooranni qaama ijaaru ykn pirootiniin: foon, lukkuu, qurxummii, baaqelaa, midhaan dheedhii addaaddaa, baaduu, itittuufi kkf. irraa argamu.

**Faayidaa Soorata Dhibee Ittisanii ( Vaayitaaminoota)**

Sooranni dhibee ittisan ilkaan keenya, lafeewwan keenyaafi gogaan qaama keenyaa jabaatoofi fayya qabeessa akka ta'an godhu. Soorata dhibee ittisan kuduraalee kanneen akka salaaxaa, qoosxaa, raafuufi dabaaqulaa akkasumas, fuduraalee kanneen akka maangoo, muuzii, paappaayyaa, burtukaanaafi kkf. irraa argamu.

## Torban 29ffaa

### Gocha 51: Hojiiwwan Daa'imman Hojjetan Walitti Qabuu

Hojiiwwan daa'imman yeroo garaagaraatti dalagan walitti qabuun bifa kitaaba fakkiitiin qopheessuudhaan barattoota biroo waliin akka waljijjiiran taasisaa. Kana gochuuf haala duraa duuba armaan gadiin hojjechiisaa:

1. Fakkiiwwan, barreeffamootaafi waraqaawwan daa'imman yeroo addaaddaa kukkutanii maxxansan walitti qabuun qopheessuu
2. Hojiiwwan walitti qabaman kilaaseerii tokko keessatti hidhuun akka gurmeessan gargaaruu
3. Kitaaba fakkii qophaa'e kana hiriyoota isaaniin akka waljijjiiranii ilaalan gochuu.

Dhumarratti, hojiiwwan isaanii kana toora tokkorra sirnaan akka kaahan gochuu.

### Gocha 52: Lakkaawwii Guyyaa Torbaniifi Ji'oota Waggaa

Lakkaawwii guyyaa bara kanaaf maxxanfame dhiyeessuun lakkaawwicha irraa ji'ootaafi guyyoota adda baasanii akka agarsiisan gochuuf haala duraa duuba armaan gadii hordofaa:

1. Ji'oota kudha-lamaan waggaa keessa jiran duraa duuba sirriin akka adda baasan gochuu
2. Tokkoo tokkoo ji'aa keessa guyyootiin meeqa akka jiran ibsuufii

3. Lakkaawwii guyyaa bara sanaaf maxxanfame dhiyeessuun ji’ootaafi guyyoota adda baasanii akka agarsiisan gochuu.

**Torban 30ffaa**

**Gocha 53:Seeroota Wayitii Nyaataa kabajamuu Qaban**

Dambiiwwan wayitii soorannaa kabajamuu qaban ( fkn: nyaata duraafi booda harka dhiqachuu, meeshaa itti nyaatan dhiquufi gochawwan kana fakkaatan ) akka shaakalan gochuuf haala armaan gadii hordofaa:

1. Bishaaniifi saamunaa ykn daaraa qopheessuu
2. Daa’imman daree barnootaa keessaa alatti akka ba’an gochuu
3. Harka bishaaniin jiisuun, saamunaa dibuudhaan sirriitti dhiqachuun agarsiisuu
4. Jalqaba daa’imman fedhii qaban, itti aansuun immoo, daa’imman hundi dabaree dabareedhaan harka isaanii dhiqachuu akka shaakalan gargaaruu
5. Dhumarratti, nyaata duraafi booda harka isaanii saamunaan ykn daaraan yeroo hunda dhiqachuufi meeshaalee itti nyaatan dhiqamuu akka qaban hubachiisuun barbaachisaadha.

# Yeroo shaakala Ogummaa Gaarii

## SEENSA

Yeroon 'Ogummaa Gaarii' wayitii itti daa'imman fakkiilee boca adda addaa qaban akka muraniifi maxxansan, fakkiilee adda addaa akka kaasaniifi halluu diban, dhoqqeedhaan moodela akka hojjetan, waraqaa dadachaasuufi mummuruudhaan bocoota adda addaa hojjechuu akka danda'an itti taasisnudha. Yeroon ogummaa gaarii wayitii dandeettii kalaquu daa'immanii itti dagaagsinudha.

Hidha kana keessatti malleengochaalee raawwachuuf nama dandeessisan kaahamaniiru. Malleen kunneenis ka'umsaaf kan dhihaatan yoo ta'u, akka haala qabatamaatti gabbisuun itti fayyadamuun nidanda'ama.

## Torban 3ffaa

### Gocha 1: Fakkiiwwan Maxxansuu

'Fakkiiwwan maxxansuu' kan jedhu akka hojjetan gochuuf duraa duuba armaan gadii hordofaa.

- Fakkiiwwan adda addaa gaazeexoota, poostaroota, barruulee, kaalaanderootaafi kkf.tajaajila ala ta'anirraa mummuruudhaan qopheessuu.
- Daa'imman garee garee isaaniitiin ta'uun fakkiilee kaartona yookaan dhaaba manaa/keenyanirratti akka maxxansan gochuu.

## Torban 4ffaa


### Gocha 2 : Fakkiiwwan Walqabsiisuu


Daa'imman fakkiiwwan adda addaa naannootti argaman boca adda addaatiin mummuruudhaan irra deddeebi'anii walqabsiisuu akka shaakalan gochuudhaaf haala fakkeenya fakkiiwwan armaan gaditti duraa duubaan taa'an hordofa.

- Gaazeexoota, poostaroota, barruulee, waraqaa, kaalaanderootaafi kkf. tajaajilaan ala ta'an boca adda addaatiin mummuruu.
- Gaazeexoota, poostaroota, barruulee, kaalaanderootaafi kkf. tajaajilan ala ta'an mummuraman boca adda addaa daa'immanitti agarsiisuu.
- Daa'imman garee garee isaaniitiin ta'uun fakkiiwwan boca adda addaatiin mummuraman haala hiika qabeessa ta'een akka walqabsiisan gochuu.
- Gareen dafee walqabsiisee fixe mo'ataa ta'a.

**Fakkeenya:-**


Haala fakkiiwwan lamaan armaan gaditti argamaniin muruun nidanda'ama. Daa'imman akkaatuma shaakalaa deemaniin paziloota baay'eefi walxaxaa gochaa deemuun barbaachisaadha.







### Gocha 3: Fakkiiwwan Dibuu

Kitaaba shaakallii barattootaarratti daa'imman fakkiiwwan dhaabbilee armaan gadii haala tajaajila kennaniin adda adda baasuun dibuu akka shaakalan taasisaa




**Mana Barumsaa** **Buufata Poolisii**




**Torban 5ffaa**

### Gocha 4: Fakkii Qaamolee Nafa Namaa Dibuu

Kitaaba shaakallii barattootaarratti fakkii kutaalee qaamaa adda addaa halluu akka diban gochuuf haala fakkeenya armaan gaditti taa'aniin fakkiilee kennuudhaan dibuu akka shaakalan taasisaa.



**Ija**



**Arraba**



**Harka**



**Funyaan**




**Gurra**


## Torban 9ffaa

### Gocha 5: Fakkii Beelladootaa Halluu Dibuu


Kitaaba shaakallii barattootaarratti fakkii beelladoota adda addaa halluu akka diban gochuuf haala fakkeenya armaan gaditti taa’aniin fakkiiwwan kennuudhaan dibuu akka shaakalan taasisaa.




**Saree**




**Adurree**




**Sa’a**





**Lukkuu**





**Farda** **Harree**





**Hoolaa** **Re'ee**

**Torban 10ffaa**


**Gocha 6: Fakkii Yeroo Miseensonni Maatii Hojiiwwan Adda addaa Hojjetan Agarsiisu Halluu Dibuu**


Kitaaba shaakallii barattootaarratti fakkii yeroo miseensonni maatii hojiiwwan adda addaa hojjetan agarsiisu halluu akka diban gochuuf haala fakkeenya armaan gaditti taa'aniin fakkiiwwan kennuudhaan dibuu akka shaakalan taasisaa.




### Gocha 7: Fakkii Bineensota Adda Addaa Halluu Dibuu


Kitaaba shaakallii barattootaarratti fakkii bineensota adda addaa halluu akka diban gochuuf haala fakkeenya armaan gaditti taa'aniin fakkiiwwan kennuudhaan dibuu akka shaakalan taasisaa.







**Leenca** **Arba**







**Qeerransa** **Waraabessa**





**Jaldeessa** **Sattawwaa**


 

**Harree Diidoo** **Goljaa/Karkarroo/**

### Torban 11ffaa

### Gocha 8: Fakkii Biqiloota Adda Addaa Halluu Dibuu

Kitaaba shaakallii barattootaarratti fakkii biqiloota adda addaa jirma isaa, baala isaa, hidda isaafi daraaraa isaa halluu akka diban gochuuf haala fakkeenya fakkiiwwan armaan gaditti taa'aniin fakkiiwwan kennuudhaan dibuu akka shaakalan taasisaa.


Daraaraa
Firii
Baala
Jirma
Hidda

### Gocha 9: Boca Beelladootaa Dhoqqeerraa Tolchuu

Daa'imman dhoqqee bukeeffame fayyadamuun beelladoota manaa keessaa tokko filatanii boca isaa tolchuu akka shaakalan gochuuf haala fakkeenya fakkiiwwan armaan gaditti taa'aniin duraa duuba itti aanu hordofaa.


- Biyyee naannootti argamu boca tolchuuf ta'u filachuudhaan dursa dhoqqee qopheessuu; yookaan pilaastiinii (dhoqqee warshaa) qopheessuu
- Beelladni dhoqqeerraa akkamitti akka tolfamu hojjechuun itti agarsiisuu
- Daa'imman beelada jaallatan filatanii boca isaa tolchuu akka shaakalan gochuu
- Dhumarratti, boca tolchan hiriyyoota daree isaaniitiif akka agarsiisan gochuu

### Torban 13ffaa


### Gocha 10: Tuqaaleedhaan Qubeewwan Bocuu

- Kitaaba shaakallii barattootaarratti qubeewwan tuqaaleetiin tolchuu akka shaakalan gargaaraa. Kitaaba shaakallii barattootaarratti haala fakkeenya armaan gaditti dhihaateen sararoota tuqaaleetiin tolfaman walqabsiisuun qubeewwan adda addaa akka bocan gargaaraa

A



B



# C C C C C

### Gocha 11: Dhoqqeerraa Bocaawwan Tolchuu

Dhoqqee bukeeffame daa’immaniif dhiheessuun meeshaa manaa barbaadan irra deddeebi’anii akka tolchan godhaa. Akkasumas, faayidaa isaa akka himan jajjabeessaa. Duraa duuba itti aanu hordofuun hojjechiisaa.

1. Dhoqqee bukeeffame yookaan pilaastiliinii qopheessuu
2. Dhoqqee bukeeffame yookaan pilaastiliinii daa’immaniif raabsuu
3. Dhoqqeerraa yookaan pilaastiliiniirraa meeshaaleen manaa akkamitti akka tolfamu tolchuun itti agarsiisuu
4. Daa’imman haaluma arganiin meeshaa manaa barbaadan hojjechuu akka shaakalaniifi faayidaa isaanii akka dubbatan gochuu
5. Hojiilee hojjetan hiriyyoota isaaniitti akka agarsiisan gochuu.

## Torban 15ffaa

### Gocha 12: Waraqaalee Mummuruu

Waraqaalee halluu daa’immaniif raabsuudhaan murtuutiin mummuranii waraqaa adiirratti akka maxxansan godhaa. Duraa duuba itti aanu hordofuun hojjechiisaa.

1. Waraqaalee halluufi murtuu (maqxoo) qopheessuu
2. Daa’immaniif raabsuu
3. Waraqaalee halluu murtuutiin mummuruudhaan waraqaa adiirratti maxxansuun daa’immanitti agarsiisuu
4. Daa’imman haaluma arganiin waraqaalee halluu murtuutiin mummuruudhaan waraqaa adiirratti maxxansuu akka shaakalan godhuu.

### Gocha 13: Dhoqqeedhaan Qubeewwan Tolchuu


Dhoqqee bukeeffame fayyadamuudhaan daa'imman qubeewwan akka tolchan godhaa. Duraa duuba itti aanu hordofuun hojjechiisaa.


1. Dhoqqee bukeeffame yookaan pilaastiliinii qopheessuu
2. Dhoqqee bukeeffame yookaan pilaastiliinii daa'immaniif raabsuu
3. Dhoqqeerraa yookaan pilaastiliiniirraa qubeewwan akkamitti akka tolfaman tolchuun itti agarsiisuu
4. Daa'imman haaluma arganiin qubeewwan tolchuu akka shaakalan gochuu
5. Qubeewwan tolchan hiriyyoota daree isaaniitti akka agarsiisan gochuu.


### Gocha 14: Bocaawwan Muruun Walqabsiisuu

Bocaawwan adda addaa kaartonarratti hojjechuudhaan sarara isaa hordofuun muruudhaan kanneen mummuraman walqabsiisuu akka shaakalan gargaaraa. Duraa duuba itti aanu hordofuun hojjechiisaa.

1. Kaartonaafi murtuu (maqxoo) qopheessuu
2. Haala fakkeenya gaditti dhihaateen bocaawwan adda addaa kaartoonarraa tolchuudhaan sarara isaa hordofuun muruu
3. Muraawwan walqabsiisuun hojjechuun agarsiisuu
4. Daa'imman haaluma arganiin kaartoonicha mummuruudhaan boca jaalatan akka hojjetan gochuu
5. Bocaawwan hojjetan hiriyyoota daree isaaniitiif maal akka hojjetan akka himan jajjabeessuu.








### Gocha 15: Taangiraamiitiin Meeshaalee Manaa Walqabsiisuu

Taangiraamii fayyadamanii bocaawwan adda addaa akka walqabsiisan gochuudhaan meeshaalee manaa akka hojjetan gargaaraa. Duraa duuba itti aanu hordofuudhaan hojjechiisaa.

Haala fakkeenya gaditti dhihaateen taangiraamii fayyadamuudhaan bocaawwan adda addaa akka walqabsiisan gochuudhaan meeshaalee manaa akka hojjetan taasisaa.

1. Taangiraamii mummuramaa qopheessuu
2. Mummuramicha daa'immaniif raabsuu
3. Haala fakkeenya gaditti dhihaateen taangiraamii mummuramaa fayyadamuudhaan bocaawwan adda addaa akkamitti akka hojjetaman hojjechuun agarsiisuu
4. Daa'imman haaluma arganiin boca barbaadan akka hojjetan shaakalsiisuu
5. Bocaawwan hojjetan hiriyyoota daree isaaniitti akka agarsiisan gochuu.



### Torban 17ffaa

### Gocha 16: Kilaaseeriidhaan Bocaawwan Hojjechuu

Waraqaalee mummuraman haphee fayyadamanii kilaaseera furdaa irratti maxxansuufi bocaawwan baasuu akka shaakalan taasisaa

1. Kilaaseerii furdaa, waraqaafi haphee qopheessuu
2. Daa'imman gareedhaan teessisuun meeshaalee raabsuu
3. Meeshaalee olitti ibsaman fayyadamuudhaan waraqaalee mummuraman kilaaseeriirratti maxxansuudhaan hojjechuun agarsiisuu
4. Haaluma ilaalaniin bocaawwan baasuufi maxxansuu akka shaakalan gochuu
5. Hojiilee hojjetan hiriyyoota daree isaaniitti agarsiisuu

### Torban 18ffaa

### Gocha 17: Qubeewwan mummuruufi Walqabsiisuu

Qubeewwan kardiirratti barreeffaman mummuruufi walqabsiisuudhaan jechoota sassalphoo akka uuman gargaaraa.

1. Qubeewwan kaardiirratti barreeffaman, hapheefi murtuu (maqxoo) qopheessuu
2. Qubeewwan kaardiirratti barreeffaman, hapheefi murtuu daa'immaniif raabsuu
3. Qubeewwan muruun walqabsiisuun jechoota sassalphoo uumuun agarsiisuu
4. Haaluma arganiin qubeewwan kaardiirratti barreeffaman mummuranii walqabsiisuudhaanjechoota sassalphoo akka uuman shaakalsiisuu

### Torban 27ffaa

### Gocha 18: Bocaawwan Joomeetirii Tolchuu

Waraqaalee dadachaasanii mummuruudhaan bocaawwan adda addaa akka hojjetan gochuudhaan yaad-rimeewwan joomeetirii akka hubatan jajjabeessaa.

1. Meeshaalee fakkii kanneen akka,;waraqaa, sarartuu, murtuu, qubeessaafi haqxuu qopheessuu.

2. Waraqaa fayyadamuudhaan bocaawwan joomeetirii fakkenyaaf, geengoo, rog-sadee, rog-arfeefi kkf. dadachaasuufi mummuruudhaan akkamitti qopheessuun akka danda'amu agarsiisuu.
3. Itti fufuunis, daa'imman hundi haaluma ilaalaniin waraqaalee dadachaasanii mummuruudhaan bocaawwan akka tolchan taasisaa

## Torban 30ffaa

### Gocha 19: Lakkoofsotaan Fakkii Kaasuu


Lakkoofsota fayyadamuudhaan fakkiilwwan akka kaasan gochuudhaaf kanneen itti aanan raawwadhaa.

1. Daa'imman hundi lakkoofsa 3fi lakkoofsa 8 guddisanii dabtara isaaniirratti akka kaasan taasisaa.
2. Lakkoofsa 3tiin gurra namaa; lakkoofsa 8tiin fakkii adurree akka kaasan itti agarsiisaa.
3. Fakkiilee guyyoota adda addaa irra deddeebi'anii akka kaasan taasisaa.
4. Dibduu fakkii ittiin kaasan fayyadamuudhaan halluu akka diban jajjabeessaa.
5. Dabalataanis, akkuma haala isaatti wantoota naannoo isaaniitti argan fakkiitiin yookaan bocaan akka kaahan jajjabeessaa.
6. Yaada isaanii fakkiitiin ibsuu akka danda'an akkaatuma mijatuun yeroo adda addaa hojiitti kennaaf.

## Torban 31ffaa

### Gocha 20: Hantuutaafi Ilmoolee Ishii

Fakkiilee walitti fufaa 6n itti aanan daa'immaniif raabsuudhaan fakkiilee akka dibaniifi fakkiilee kanarraas oduu durii yookaan seenaa himuu akka danda'an gargaaraa.




### Gocha 21: Adeemsa Guddina Biqiltuu

Fakkiilee armaan gadii duraa-duuban taa’an, daa’immaniif kennuudhaan halluu adda addaa akka dibaniifi fakkiilee kannarraas oduu durii yookaan seenaa akka dubbatan gargaaraa.



